50 Lonsdale Street,
Melbourne Victoria 3000
GPO Box 4057, Melbourne Victoria 3001
DX 210081

**OFFICIAL**

Hirata
2 Henryville Street and
152, 154, 156 Inkerman Street
ST KILDA

Kabajamoo jiraatoo

Adeemsa Ijaarsa ManneenJireenyaa Gurguddaa Hooms Viktooriyaa fi sagantaa irra deebiin misoomsuu manneen olka'oo irratti odeeffannoo kennuuf isiniif barreessaa jirra.

Sadarkaan itti aanu amma bakkoota haaraa torba irratti eegalameera. Kana jechuun amma jiraattota ammaa fi gara fuula duraa naannoo magaalaa sagal keessatti mana fooyya'aa, nageenya qabuu fi mijataa ta'etti tarkaanfachiisaa jirra jechuudha.

**Gamoon keessan har'a akka qaama irra deebiin misoomsuu marsaa itti aanutti hin beeksifamne.**

## Har'a maaltu labsame?

Har'a, waa'ee gamoowwan kanneen deebisanii ijaaruu irratti jiraattota waliin haasofne:

- 25 fi 27 Kiing Stiriit, Piraan
- 150 Viktooriyaa Aveenuu, Albert Paark
- 150 Inkerman Stiriit, Sent Kildaa
- 159 Melrooz Stirrit, Noorz Melboorn
- 29 Kraawun Stiriit, Flemingtan
- 94 Ormoond Stiriit, Kensingtan

Adoolessa 2026 hanga Guraandhala 2028tti mana fedhii keessan guutu argachuuf isinii fi jiraataa gamoo keessan hunda waliin walitti dhiyeenyaan ni hojjenna.

## Jiraattota deebi'anii qubatan gargaaruuf naannoo dhihootti manneen haaraa ijaaruutti jirra

Filannoo qubsuma jiraattota kanaa deeggaruuf manneen jireenyaa haaraa qulqullina qabu duraanuu naannoo sanatti hojjetamaa jiru. Kanneen bara kana keessa xumuraman yoo ta'u kanneen armaan gadii dabalatu:

- Esseks Stiriit, Piraan
- Saymens Stiriit, Saawuz Yaaraa
- Baraak Beeken, Poort Melboorn
- Hooland Koort, Flemingtan

Manneen kanneen ho'uu fi qabbaneessuuf salphaa akkasumas, namoota fedhii sochii qabaniif mijataa, nageenya, ifaafi afarsituu qilleensaa fooyya'aa akkasumas barandaa fi kutaa miiccaa dhuunfaa kan qabanidha.

## Mul'ata ollaa keessaniif

Ji'oota dhufan keessatti, qubsuma keessan dhufaa jiru qajeelchuuf yaada keessan akka kennattan isin afeeruuf deebinee isin qunnamna. Mul'anni jiru naannoo nageenya qabu, dizaayinii gaarii qabuu fi walitti hidhamiinsa gaarii qabu keessatti manneen qulqullina qaban dhiyeessuudha.

## Waa'ee sagantaa deebisanii ijaaruu

Manneen olka'oon durii Melboorn manneen haaraa sadarkaa ammayyaa mijataa, dhaqqabummaa fi anniisaa qusachuu guutaniin bakka bu'u. Gamoowwan kana irra deebiin misoomsuun jiraattonni ammas ta'e gara fuulduraatti mana nageenya qabu, mijataa fi fedhii isaaniif malu keessa jiraachuu akka danda'an mirkaneessaa jirra.

Hanga Amajjii 2028tti deebisanii qubsiisuun manneen olka'oo hin jiraatu.

## Nu waliin turuudhaan odeeffannoo haaraa argadhaa

Sadarkaa pirojektichaa hunda irratti odeeffannoo haaraa ni qabaanna.

Akkasumaswaan naannoo keessanitti ta'aa jiru ilaaluuf marsariitii keenya homes.vic.gov.au dawwachuu akkasumas odeeffannoo haaraa argachuuf galmaa'uu dandeessu.

Kabajaa wajjin

**Simon Newport**
Hojii Gaggeessaa Olaanaa
Hooms Viktooriyaa

28/01/2026